STAY SAFE MN

Talaalliiwwan mRNA COVID-19 akkamitti akka hojjetan

03/29/2021

Akaakuu vaayirasiin COVID-19 dhaaf sababbi kan ta'u vaayirasii Koroonaa jedhama. Vaayirasii Koroonaan naannoo isaa gutumatti akka ulee kan bahan qareewwan qaba. Qareewwan kanneen eeboo pirootiiniiwwan (spike proteins). Eeboo pirootiiniiwwan kanneen seelota kaama keenyaa irratti maxananii keessatti galu akkasumas akka dhukkubsanu godhu. Qoratoota wal'aansaa koodii Eeboo pirootiiniiwwan COVID-19 f sababi ta'an beekaniiru. Issan qajeelchoota (messenger (ergamaa) RNA (mRNA)) tolchuuf akkamitti akka garagalcha fakkeessaa kan eeboo pirootiinii akka tolchan fi akka lolan seelota keenya barsiisuuf odeeffannoo kana fayyadamaniiru.



Qoratoota wal'aansaa qaamni keessan eeboo pirootiinii akka tolchan kan himan qajeelchoota (mRNA) tolchu. mRNA talaalii keessatti seena.

Yeroo talalliin qaama keessa seenu, talaallii keessa kan jiru mRNA gara ciqilee keessan irratti naannoo tuqaa iddoo talaalliicha waraanamtanitti warshaalee pirootiinii xiqqoo seelota keessatti deema. Qaamni keessan eeboo vaayirasii koroonaa fakkeessaa garagalchawwan baayyee tolchuuf mRNA fayyadama. Inni fakkeessaa waan ta'eef, talaalliicha irraa COVID-19 isin qabachu hin danda'u.

Sirna dandeettti dhukkuba ittisaa keessan akka dhukkubbii kessan akka loltan isin kan gargaruu dha. Inni baakteeriyaa fi vaayirasii miidhuuf loltuuwwan baayyee qaba. Yeroo sirna dandeettti dhukkuba ittisaa keessan eeboo fakkeessaa ilaalu, akka COVID-19 qabaattan yaada, hin taane illee. Sirnni dandeettti dhukkuba ittisaa yeroo sana loltuuwwan caalaatii baayyee tolcha. Loltuuwwan kanneen fara-qaamaa (antibodies) jedhamu. Namoonni xiqqoo yeroo gaamnii isaanii eeboo fakkeessaa loluuf fara-qaamaa tolchuu bu'aa hin tilmaamane tarii issanitti dhagahamuu danda'a.

Amma, qaamni keesssan COVID-19 tiin yoomiyyuu hin dhukkubsatin COVID-19 irra isin eeguuf loltuuwwan baayyee ijaaraniiru. Kuni hanga qorichaa keessan booda hanga toorban lama fudhata. Erga yeroo sana booda vaayirasiin gaama keessan seene, qamni keessan haala salphaatti vaayirasii COVID-19 miidhuu ni danda'a, garagalcha fakkeessaa qabaattan irra waan ammanduraan vaayirasiicha beekuufii dha. Akkam isin dhukkubsachuu irra kan dhorku kana dha.

- Erga qaamni keessan eeboo kana tolchee booda, inni mRNA balleessa.
- Talaalliicha irraa COVID-19 isin qabachu hin danda'u.
- Talaallii mRNA keessatti vaayirasii COVID-19 homaa hin jiru.

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Dhangii/roga addaa gaafachuuf health.communications@state.mn.us qunnamaa. (Oromo)